

KUNSIIF

Abdussalaam Idriis (**Ansiif**) Telegiram Irraa Kan Walitti
Qabame yaadaaf 0905550014☎

Kaayyoon Kee Ol'aanaan Maali?

Kaayyoon Kee Inni Ol'aanaan Jaalala Rabbii Olta'aa Argachuu Ta'uu Qaba.

•Kaayyoon Kee Ol'aanaan Jaalala Rabbii Olta'aa Argachuu Yoo Ta'e, Namni Waan Si Jibbeef Hin Gadditu, Si Jaalateef Hin Boontu. Sababani Isaas Ati Kayyoo Mataa Keeti Qabda(**Jaalala Rabbii**)

•Jireenya Keessatti Yommuu Namni Nu Jibbu Ykn Arrabsuu Hangam Keessi Keenya Akka Jeeqamu Fi Boora'u Hundi Keenya Ni Beekna. **"Sila Ani Maal Balleessee Namoonni Na Jibbuu?** Sila Waan Badaa Isaanitti Hojjadhee?" Jechuun Of Gaafanna.

•Hanga Feete Waan Gaarii Hojjadhu, Ammas Kan Si Jibban Ta'anii Argachuu Dandeessa.

•Furmaanni Kanaa: **"Kaayyoon Kee Guddaan Rabbiin Gammachisuu Yoo Ta'e Ergasii Haala Bareedan Hojii Gaarii Yoo Hojjatte, Jibbaa Fi Dubbii Namootaatiif Gonkumaa Dantaa Hin Kennin."** Kuni Wanta Tasgabbii Namaaf Kennuudha.

•Jaalala Namootaa Argachuuf Yoo Carraaqte, Har'a Yoo Sitti Gammadan Boru Sitti Mufatu.

Ilma Nama Haala Itti Fufaan Gonkumaa Gammachisuu Hin Dandeessu.

K u n s i i f

Kakattu Maalillee Yoo Ta'e, Rabbiin Ala Waan Biraatiin Kakachuun Shirkii Waan Ta'eef Irraa Fagaadhu. Hadiisa Keessatti "Namni Waan Rabbiin Ala Jiruun Kakate Kafare Ykn Shirkii Hojjete" Kunis Akka Nabiyyiin, Amaanan, Kabajaan, Waadaan, Jireenya Fi Kkf Kakachuuti.

➤ Bara, Qilleensa, Aduu, Qorra Ykn Hoo'a Arrabsuu Irraa Fagaadhu; Waan Isaan Arrabsuun, Rabbii (Subhaanahu Wa Ta'aala) Isaan Ume Arrabsuu Ta'eef.

✓ Yeroo Wanti Jibbitu Si Tuqe, Jecha "Utuu..." Jedhu Irraa Fagaadhu, Waan Dalagaa Shayxaanaa Banuu Fi Murtii Rabbii (S.W) Diduu Waan Ta'eef. Garuu 'Rabbi Waan Fedhe Murteesseera; Inni Waan Fedhe Hojjata' Jedhi.

Aayaatota Qur'anaa Keessaa Irra Guddoo Kan Taate Fi Faayidaa Isii Keessa 3 Hadiisaan.

Aayanni Tun {Aayatul-Kursii} Jedhamti, "Allaahu Laa Ilaaha Illaa Huwal Hayyulqayyum ... Hanga Al Aziim Gayutti".

Aayanni Kursii Tun, Darajaa Kopha'aa Guddoo Qabdi, Nabi Muhammad Akki Je'an Nageenyi Isaanirratti Haa Jiraatuu,

➡{Namni Salaata Hunda Booda Aayata Kursii Qara'e Jannata Haqa Godhate,

Wanni Seenuu Isa Hanqisu Du'a Qofa,Yoo Du'e

Jannatuma Seena} Jedhan.

Namni Aayata Tana Salaata Duuba Qara'urratti Obsu Nama Dhuga'aan Rabbi Dhugoomsu Takkaayuu Isaaf Gadi Jedhu.

➡Namni Hoggaa Rafu, Yookaa Hirribaaf Ka'e, Aayatul Kursii Qara'e Isaafii Ollaa Isaa Hunda Waan Hamtuu Hundarraa Najaa Baase, Yookaa Nagaya Godhe.

➡Ammas Nabi Muhammad S.A.W Akki Je'e. {Aayatul Kursiin Mana Tokko Keessatti Qara'amtee Sheyxaanni Mana San Keessaa Godaanuu Hin Oolle, Ammas Mana San Hanga Halkan Afurtamaa Falfala'aafii Falafaltuun Hin Seentu}.

•Diliin Akka Sirraa Dhiqamtu Ni Feetaa?

عَنْ أَبِي هُرَيْرَةَ ، أَنَّهُ سَمِعَ رَسُولَ اللَّهِ صَلَّى اللَّهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ يَقُولُ : أَرَأَيْتُمْ لَوْ أَنَّ نَهْرًا بِبَابِ أَحَدِكُمْ يَنْتَسِلُ فِيهِ كُلَّ يَوْمٍ خَمْسًا ، مَا تَقُولُ : ذَلِكَ يُبْقِي مِنْ دَرَنِهِ قَالُوا : لَا - يُبْقِي مِنْ دَرَنِهِ شَيْئًا ، قَالَ : قَدْ لَكَ مِثْلُ الصَّلَوَاتِ الْخَمْسِ ، يَمْحُو اللَّهُ بِهِ الْخَطَايَا

•Hadiisa Abuu Hureeyraan Odeesse Kan Muslim Gabaase Keessatti Ergamaan Rabbii (Saw) Sahaabaadhaan Akkana Jedhan: **“Mee Wahiin Isin Gaafadhaa, Osoo Mana Tokkoo Keessanii Dura Lagni Yaa’ee Guyyatti Yeroo Shan Laga Kanarraa Dhiqatee Xuriin Qaama Isaarratti Ni Hafaa?”** Jedhanii Gaafatan. Sahaabaanis, Xuriin Takka Irratti Hin Haftu Yaa Ergamaa Rabbii Jedhaniin.

Yeroo Kana Ergamaan Rabbii (Saw) Akkana Jedhan: “Kuni Fakkii Salaata Shananiiti, Rabbiin Akka Bishaan Xurii Namarraa Baasutti, Salaata Shananiin Dili Namarraa Haqa.”

Haala Gaarii.

Mindaa Fi Sawaaba Isaa Hadiisa Irraa, Nabiyyiin (S.A.W) Akkana Jedhu...

« “Mu’uminni Haala Gaarii Isaatiin Sadarkaa Nama Soomaa Ooluu Fi Dhaabbataa Buluu Argata.»

LUBBUU AKKAMITTI HISAABNA ?

Imaam Ibnu Al-Qayyim Akkamitti Akka Lubbuu Herreeynu Akkatti Tarreeysa:

1. Dura Fardiin Eegaluu, Yoo Irruu Tahuu Isaa Hubate Dafee Itti Guutuu.

2. Waan Rabbiin Irraa Isa Dhorge Herreeguu, Yoo Haraamarraa Xiqquma

Dalagaa Jiraachuu Isaa Hubate, Dafee Towbaa Fii Araarama Barbaaduu, Ammas Dalagaa Gaarii Cubbuu Namarraa Haxoytu Itti Jabaachuu Qaba.

3. Lubbuu Ifii Daguu Keeysa Jiraachuu Isii Herreeguu, Yoo Daguu Keeysa Jiraate Zikrii Fii Gama Rabbii Deebi'uun If Dhaqabuu.

4. Qaamni Ifii Waan Dalagaa Jiru Herreeguu, Arrabni Waan Dubbate, Millii Bakka Dhaqe, Harki Waan Qabate, Ijji Waan Laalte, Gurri Waan Dhagaye, Maaliifin Godhe? Maalirratti Oolche? Jechuun Ifa Gaafachuu.

=>FAAYIDAA LUBBUU IFII HERREEGUU.

•Eybi/Hamtuu Ifii Arguudha.
Namni Eybi Ifii Hin Beyne Hamtuu
San Ifirraa Hin Oofu.

Towbachuu, Sheenawuu, Fii Yeroo
Hanga Hafte Itti Fayyadamuu.

Tola Rabbiin Sirratti Oole Beekuuf
Si Fayyada.

•Lubbuu Ifii Karaa Rabbii Keeksatti
Maal Daleyde Jechuun
Herreeguun Badii Ifii Beekuu Fii
Gama Rabbii Deebi'uuf Nama
Kaasa.

Lubbuu Ifii Hamtuu Isii
Arguudhaan Boonaa Fii Na Argaaf
Dalaguurraa Qulqullaawuu.

Ibaadaa Rabbiitti Jajjabaachuu Fii
Hamtuurraa Fagaachuu.

Haqa Namaa Ifirraa Deebisuu Fii

Amala Toluu.

*Wanni Kun Hundi Bu'aa Lubbuu Ifii
Herreeguun Itti Geenyu.*

Jecha Hayyoota Islaamaa.

+++++

↳ Abbaan Iccitii Isaarratti
Mootiidha, Gaafa Gadi Baate
Garuu Isiitu Abbaarratti
Mootii Ta'a.

+++++

↳ Guyyarraa Guyyatti Keeyrii
Dabaladhu, Yoo Kan Guyya
Guyyatti Keeyrii Dabalataa Hin
Jirre Taate, Hir'ataa Jirtaa Beeki.

+++++

↳ Yaa Ilma Namaa Waan Gaarii
Yookaa Toltuudha Jettu Hundaan
Gama Rabbii Keetii Dhihaachuu

**Kajeeli, Wanni Guddaan Gama
Rabbititti Si Kaleessuu Ammoo**

Jecha Isaati (Qur'aana).

**Ibaadaan Qeebalamuuf Ulaagaa
Qabdii?**

Namaaf Galchu Rabbi.

Eeyyeen Ulaagaa Sadiin Ibaadaan
Qeebalamti.

Rabbiin Akkaataa Ibaadaa Itti
Goonu Muhammad Irraa Akka
Barru, Isa Akka Hordofnu Nu Ajaje.

1. Rabbitti
Amanuu(Tokkichoomsuu)

2. Rabbi Qofaaf Godhuu

Hojiin Ergamaa Rabbii
Muhammad ﷺ Irraa Nu Hin Gahin
Ibaadaa Hin Taatu.

3. Akka Ergamaan Rabbii
Muhammad ﷺ Dalaganitti
Raawwachuu Qabna.

Eegaa Rabbitti Amanuun Hunda
Dursiti. Kan Ibaadaa Haqa
Godhatu Allaah Qofa. Kan
Ibaadaa(Dalagaa Gaarii)
Qeebaluufi Jannataan Galata

Rabbitti Amannee, Dhaamsa
Ergamaa Rabbii Hordofnee, Yoo
Qulqulleessinee Rabbi Qofaaf
Ibaadaa Goone Rabbiin Nuuf
Qeebala.

**Yaa Rabbi Nuuf
Qeebali.**

+++++

Rahiima/Fira
Maxxanfatuun Hulaa
Rizqii Namaaf Banti!

Rasuulli Rabbii ﷺ Akkana Jedhan:- “Namni
Akka Rabbiin Rizqii Isaaf Ballisee Umrri Isaa
Kheeyssa Barakaa Khaayyuuf Barbaade,
Rahiima/Fira Isaa Haa Maxxanfatuu”

حَدَّثَنَا مُحَمَّدُ بْنُ أَبِي يَعْقُوبَ الْكِرْمَانِيُّ، حَدَّثَنَا حَسَنُ، حَدَّثَنَا

K u n s i i f

يُوثِسُ، حَدَّثَنَا مُحَمَّدٌ، عَنْ
أَتَسِ بْنِ مَالِكٍ - رَضِيَ اللَّهُ
عَنْهُ - قَالَ سَمِعْتُ رَسُولَ
اللَّهِ صَلَّى اللَّهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ
يَقُولُ " مَنْ سَرَّهُ أَنْ
يُبْسَطَ لَهُ رِزْقُهُ أَوْ يَنْسَأَ لَهُ
فِي أَثَرِهِ فَلْيَصِلْ رَحِمَهُ
"

Sahih Al-Bukhari
2067

Warra Yoo Mufii Wali Qabaatellee Hadiisa
Kanaan Gorfamee Waliif Irra Dabree Wal
Maxxanfatu Nu Haa Godhu.

Gamtoomni Mallattoo Keenya, Gamtoomni
Humna, Miidhagina, Handhuurri Finfinnee Lafti
Masjiida Najjaashii Har'a Akkasitti Oolte.
Mashaa Allah.

Waan Kitaabni Kuni Taye Maaltu Si Beeksise?

#Yaa Muhammad {S.A.W} Kitaabni Kuni Kan Atiifii Ummanni Kee Beeku
Sanii Mitii, Nuutuu Siif Ibsaa Dhagahi Jedha Rabbiin.

Suuraa Muxaffifiinaa Aayaa 7-22 Keessa Ilaalaa.

#Tokko Sijjiin Keessa Jira,

#Kitaabni Sijjiin, Kitaaba Dalagaan Kuffaaraa, Hanga Isaan Addunya Irra
Jiran Keessatti Katabamte.

• { Sijjiin } Jechuun Kitaaba Wanni Sheyxaanafi Ashkarri Isaa Dalage Keessa
Jirtu.

K u n s i i f

- Takkaa {Sijiün} Jechuun; Bakka Rakkoo Takka, Tan Dachii Torban Jala Jirtu. Bakkeen Sun Bakka Sheyxaanafii Ashkarri Isaa Galu.

Maaltu Waan Kitaabni Sijün Taye Si Beysise?

- Inni, Kitaaba, Katabamee Dhume Kan Irraa Hin Hir'anne Kan Ittin Ida'amne, Kan Hidhamee Sajjin Keessa Kaayamee, Guyyaa Boruu Banamee Kufarri Qara'ee Dalagaa Isaani Argu.

Kitaabni Tokko Ammoo Illiyyiin Keessa Jira.

- Illiyyina Jechuun Kitaaba Dalagaan Gaarin ,Mu'uminni Namaatifii Mu'uminni Jinnii Keessatti Katabamee Jiru, Ammallee Kitaaba Malaaykan Dalayde Keessa Jirtu,Takkaa { Illiyyiin }Jechuun ;Bakka Samii Torbaffaa Keessa Arshii Jala Jirtu.

Waan, Kitaabni {Illiyyiin} Taye Maaltu Si Beysise?

- Inni Kitaaba Katabamee Kan Ittin Ida'amne. Kan Iraan Hir'ifamne, Kitaaba Dalagaa Mu'umina San, Maleykaa Sami Hundarraa, Akkaan Rabbitti Dhiyaatutu Arga. Namni Biraa Arguun Dandayuu.

Yaa Rabbi Galmee Keenna Warra Abraarota {Warra Dhugaan Amane} Waliin Nu Taasisi.

Aayaata Xumuuraa Nabi
Muhamned Salallaahu Aleeyi
Wassalama Irratti Buute.

مَدَنِيَّةٌ إِلَىٰ إِيَّاهُفَ نَوْعِجَرَّةٍ أَمْوِيٍّ لَوْهَدَاؤُ#
نَوْمَلْظِيٍّ أَلَمْهُوَ تَبَسَّكَ أَمْسَقَنْزَلُ كِي قَوَّةٍ

•Yaa Gabroottan Rabbii Guyyaa
Isa Keessa Gama Rabbii Deebitan
San Sodaadhaa, Duuba Erga
Gama Rabbii Keessanii Deebitanii
Namu Waan Dalage Ni Argata,
Kan Waan Gaarii Inni Dalage
Duraa Hin Hir'ifamne, Kan
Akkasumas Waan Badaa Inni Hin
Dalagin Irra Kaayuun Hin
Miidhamne.

#Suuraa Baqaraa Aayaa 281
Irratti Argamti.

#Aayyaanni Tun Aayaata Maayii
Yookaa Booddee/Xumuura Nabi
Muhamad Nagayaa Fi Rahmanni
Isaan Irra Haa Jiraatuu Buute
Jedhu Mufassirtoonni.

Ī Haala Gaarii

Ī Mindaa Fi Sawaaba Isaa
Hadiisa Irraa, Nabiyyiin
(Salallaahu Aleeyi Wassalama)
Akkana Jedhu

“Mu’uminni Haala Gaarii Isaatiin
Sadarkaa Nama Soomaa Ooluu Fi
Dhaabbataa Buluu Argata.»

«Ani Hayyu-Duree...Nama Haalli
Isaa Gaaritiif Jannata Ol Aanaa
Keessatti Manaan Isin
Gammachiisu.»

#Allaahumma Salli Wa Sallim
Alaa Sayyidinaa Muhamed

Ī Uumamaaf Rahmata
Gochuu Fi Garaa Laafuu.

~~~~~

Ī Mindaa Fi Sawaaba Isaa  
Hadiisa Irraa, Nabiyyiin  
(Salallaahu Aleeyi Wassalama)

Akkana Jedhu.

«Warri Dachii Keessaa Rahmata  
Waliif Godhaa; Yoo San Samii  
Keessaa Rahmata Isiniif Godhaa.»

“Rabbiin Gabroota Isaa Keessaa  
Isaan Rahmata Waliif Godhaniif  
Rahmata Godha.»

#Allaahumma Salli Wa Sallim  
Alaa Sayyidinaa Muhamed.

**Dhandhamadhu**  
**Mi'aa Qura'aanaa**

+++++  
+++

الَّذِينَ صَبَرُوا وَعَلَىٰ رَبِّهِمْ  
يَتَوَكَّلُونَ

[Isaan] Warra  
Obsaniifi Gooftaa  
Isaanii Irratti  
Hirkataniidha.

وَكَايْنِ مِّنْ دَابَّةٍ لَّا تَحْمِلُ  
رِزْقَهَا اللَّهُ يَرْزُقُهَا وَإِيَّاكُمْ  
وَهُوَ السَّمِيعُ الْعَلِيمُ

Lubbu Qabeeyyii  
Irraa Kan Soorata  
Isaanii Hin  
Baadhanne Kan  
Rabbiin Isiniifi

*Isaanis Sooru Hedduudha*

*Dhugumatti “Eenyutu Samiifi Dachii Uumee,  
Aduufi Baatiis Laaffise?” Jettee Yoo Isaan  
Gaafatte “Allaahdha” Siin Jedhuakkamitti  
(Tawhiida Irraa) Garagalfamu Ree?*

*Rabbiin Gabroota Isaa Irraa Nama Fedheef  
Soorata Ni Bal’isa(Nama Fedhe Immoo) Isatti  
Dhiphisadhugumatti, Rabbiin Waan Hunda  
Beekaadha.*

**Jecha Hayyoota Islaamaa.**

+++++

ĩ • Qabeenyi Kan Kee Si Waliin Hin Deemu Gara  
Aakiraa, Garuu Dursiitee Of Afoo Ergachuu  
Dandeessa Akka Achitti Si Eegu, Sadaqaan.

+++++

ĩ •Waa Abaaruu Dhiisaa, Osoo Waa Abaartanii Sa'aa Ijaabaa Gaxxamtanii,  
Booda Umrii Guutuu Sheenoftan.

+++++

✿• Waa Sadi Waan Akkaan Jabaafi Qaaliiti.

- Osoo Hiyyummaa Qabu Nama Sadaqatu.

- Bakka Namni Tokkolleen Isa Hin Agaretti  
Kan Rabbi Sodaatu.

- Osoo Mootummaa Afoo Dhaabbatellee  
Kan Dhugaa Malee Hin Dubbanne.

+++++

*Guyyaa Juma'aa Tokko Akka Tasaa Tahee  
Imaamni Masjidaa Khuxbaarraa Turraan  
Tiraafikni (Traffic Police) Tokko Ka'ee  
#MINBARA Irra Bahe.*

☒ Tiraafikichis Afaan Hojii Isaatin Khuxbaa  
Egale.

☆ " Yaa Ilmaan Namaa! Hayyama Imaana  
Keessanii Haaroymfadhaa!

☆ Qabattoo Sodaa Rabbii Hidhadhaa !

☆ Saffisa Dillii Dalaguu Hir'isaa !

☆ Niyyaan Teessan Akka Qulqulluu Taate

Ĉ Qaallicha  
Beekumsa Waan  
Fuldura Dhufu ( هاء  
بيغلا ) Niin Beeka  
Ja'uutu IMAAMU  
ALBAANIIN Wal  
Qunnaman.

☒ IMAAM ALBAANI

:Eega Beekkumsa  
Waan Fuldura Tahuu  
Deemuu Qabaatte  
Mee Gaafi Takkaan Si  
Gaafadhaa Ja'een.

☒ Qaallicha:- Ininnis Ee  
Na Gaafadhu Ja'een.

☒ IMAAM ALBAANI :-

Waanin Si Gaafachuu  
Deemuhu Ka Hin  
Beeyne Duuba Ilmii  
Ghaybii (Beekkumsa  
Waan Ful Dura Tahuu  
Deemuu)Ka Maalii Niin  
Beeka Jattaa Ja'een

# K u n s i i f

Mirkaneeffadhaa !

☆ Matoora Qalbii Teessanii Qulqulleesaa !

☆ Mallattoolee Ifaa Qur'aanaa Hordofaa !

☆ Karaa Diin Gubbaa Imala Keessan Godhaa !

☆ Fuul Dura Keessan Iddoo Sakata'insaa (Fittashaa) Jabduutu Jira. Namni Waa Balleesse Dhufe Adabbiin Isaa Ibibda Jahannam

Tahuutu Mala. "Jachuun Gorsa Isaa Xumuree Bu'e ! #Mayafb

## Jannatni Koomee Haadhaa Jala Jirti.

- ❖ Haati Hikkaa Jiruuti.
- ❖ Gaaddisa Rakkooti.
- ❖ Ifaa Dukkanaati.
- ❖ Riqicha Jannataati.
- ❖ Madaala Jaalala Dhugaati.

Balbala Milkiiti.

- ❖ Kennaa Rabbii Guddichaati.

• *Qaqqabaan Isiin Mata Si Qaqqabduutu Cinqii Fi Hiraar*

*Addunyaa Tanaa Si Dagachiise Onnetti Gammachuu Safara.*

• *Haati Waan Ati Barbaaddu Siif Godhuu Baattuus , Waan Qabdu Hunda Siif Godhuuf Osoo Lubbuu Sitti Hin Qusatin Namni Siif Arjoomuf Qophii Tahu An Haadha Malee Hin Beeku.*

• *Waa'ee Haadhaa Dubbachuuf Arrabaatu Hudhama , Onneetu*

*Dhaabbata , Sammuutu Dhiphata , Jachootaatu Ba'aa Dadhabee Gitintira.*

• *Hin Dagamin, Barakadhuun Haadhaa Tokkichi Waan Kumaatamaan Tilmaamamuu Miti.*

• *Isaan Bira Teessee Hin Gaddin, Gaddi Kee Isaan Irra Miidha.*

• *Isaanitti Tola Ooli, Yeroo Mara Du'aa'iin Yaadadhu.*

• *Rabbiin Haawwota Keenya Kan Jiran Umrii Haa Dheereessu ; Kan Gara Ganda Aakiraa Deemaniif Rahmata Haa Godhuuf.*

## Dhandhamadhu Mi'aa Qura'aanaa

*Gaafa Rakkoon Gama Hundaan Si Marsee, Hulaan Kulliin Sitti Cufattee, Furmaata Dhabde. Abshir Abdii Hin Kutin Hulaan Yeroo Kamuu Banaa Takka Ni Jirti.*

Seenaa Kana Rabbitu Qur'aanan Nu Hima, Yeeroma Gareen Muusaa Fi Fir'ownaa Walitti Dhufan, Kan Warri Musaa Humnaa Hin Qabne, Kan Duubaan Diinni Guddaan, Fuulduraan Garbi Jiru. Haala Kana Keessatti Ture Ummanni Nabi Muusaa (A.S) Waliin Jiru Akki Jedhan Dhugumatti Warri Fir'awnaa Nurra Gahuuf Jiru (Nu Dhaqqabani Nu Fixu) Jedhan.

Hoggaa Kana Nabi Musa A.S Waan Jedhe Ummata Isaatiin," Kallaa/Lakkisaa; Dhugumatti Rabbiin Kiyaa Na Waliin Jira,{Furmaata Nuuf Godha}" Jedheen.

*Haala Saniin Rabbiin Isaaniif Birmatee, Garba Addaan Kuteefii Warri Muusaa Nagayaan Garba Gamatti Yaa'an.* Ash-Shu'ara' 61

لَا أَقْدُ نَوْكَزْنِمَا إِذْ لَا يَسُومُ بَعْضُهُمْ أَلْقَيْنَ لَعْنَةً أَمَّا ذُو  
بَيْنَ يَدَيْهِ يَسُومُ بَعْضُهُمْ أَلْقَيْنَ لَعْنَةً

**Osoon Akkas Tahee Silaa**  
**Akkana Hin Tahu.**

Osoo Akkas Tahuu Baadhee  
Silaa Wahiin Akkana Tahaa?

Osoon Meeshaa Sheeyxaanni  
Namattiin Waswaasu Irraahi.

Cinaacha   Kee   Jabaa   Beekii   Tikfadhu, Cinaacha Kee Dadhabaa

# K u n s i i f

Bekii Irraa Qulqullaawuuf  
Tattaafadhu.

Abu Haniifaa Dhufee " Yaa  
Sheekha Hoggaan Qaama  
Dhiqadhu Qiblattiin Fuula Deebi'a  
Moo Akkami ? " Ja'een.

Sahaabaa Beekkamaa  
#Abuu\_Hureeyraa Rabbiin Irraa  
Haa Jaalatuu Isaan Irraa  
Odeeffamee #Nabiyyiin\_Rabbi  
SAW Akkana Jadhan: "Mu'umina  
Jabaatu Laafaa Caala Rabbi  
Birattiis Irra Jaalatama,Mu'umina  
Cufa Keessa Keeyriin Ni Jira,  
Waan Si Fayyadu Itti Bololi Rabbiin  
Gargaarsifadhu Hin Dadhabin, Yoo  
Wanni Ati Hin Jaalanne  
Siqunnamte Akkana Hin Jadhin:  
Odoon Akkas Dalaguu Baadhee  
Wahi Akkas Tahaa Osoon Akkana  
Dalagee Silaa Akkana Taha, Murtii  
Rabbiiti Rabbiin Waan Fedhe  
Dalaga Jadhi Osoo Jachuun Hujii  
Sheexaanaati".

+++++

Hadiisa Kana Imaamu Muslimtu  
Gabaase.

Bohartiif Fi Gorsaaf

3 Abu Hanifaanis :- Fuula Kee  
Gamuma Huccuun Tee Jirtu  
Deebi'i ,Akka Sirraa Hin Hatamne  
Ja'een.

#Ilma Namaa Waa Shan Isa  
Yaachisuudha Qaba.

1/ # Baalleessaan Inni Balleesse  
Rabbiin Isaa Dhiisuu Fii Isaa  
Dhiisuu Dhabuu.

2 / # Hujiin Gaariin Inni Hojjate  
Irraa Qeebalmuu Fii Irraa  
Qeebalamuu Dhabuu.

3/ # Jiruun Isaa Tadabarte Malee  
Tan Fuul Duraa Akkam Akka Taatu  
Beekuu Dhabuu.

4/ #Rabbiin Qiyyaamaadhaaf  
Ganda Jannataatii Fii Ganda  
Ibiddaa Waan Qopheesseef  
Lamaan Keessaa Gandi Isaa Kam  
Akka Tahu Beekuu Dhabuu.

5/ # Rabbiin Isatti Dallanuu Fii Isa  
Irraa Jaalatuu Wallaaluu.

✪ Namtichi Tokko Gama Imaam

# K u n s i i f

"أَدْعُ بِسُكْرَةِ أَنَا مُسْقِذَ يَرْدُّتَ أَمَو"

\*Lubbuun Takkalleen, Waan Boru Dalaydu Waan Gaari'imoo, Waan Hamtu'uu Hin Beytu, Kan San Beekhu Rabbi Qofa Kan Nam Tokko Hin Beysisin.

# Yaa\_Rabbi Duniyatti Gaarii Hojjatuufii Nurraa Qeebalamuu Nu Waffaqi Kaatimaa Nutolchii Warra Jannataa Nutaasisi.

## Arjoomuu.

Nabi S.A.W Akki Jedhan "Guyyaa Gabrichi Bariisifatu Hunda Keessa Maleeykonni Lama Bu'anii Tokko 'Yaa Allaah! Nama Arjoomeef

Bakka Buusi' Jedha. Inni Tokkommoo 'Yaa Allaah! Nama Dhorgate Jalaa Balleessi' Jedha.»

Sadaqaan Fadlii Yookaa Sadrkaa Jabaa Fiddee Abbamaa Deebiti.

Rabbiin Suuraa Baqaraa Ayaa 272 Irratti Akki Jedhu

"مُكْسِفَتَا فَرِيخَ نَمَ أَوْقِفَتَ أَمَو"

"Wanni Isin Keeyrii/Toltuu Irraa Kennattan, Lubbuma Teessaniifi."

Jazaan Waan Sanaa Dachaa Ta'ee Namaaf Gala.

## Jecha Hayyoota Islaamaa.

Kuttuu Qananii Duniyaa(Du'a)

Dhugama Namni Duuti Gama Isaa Deemtu, Lazzaa Yookaa Qananii Duniyaa Akkamitti Argata.

Wanni Du'aa Gadii Kulliinu Laafaadha. Cinqaan Duniyaa Keessatti Nama Mudatu Hundi Laaftuudha, Sababani Isaas Cinqaan Guddaa Ta'us Xiqqaa Ta'us Garuma Du'aa Nama Geessa.

Lubbuun Hunduu Du'a Dhamdhamuuf Jirti, Laakin Erga Du'anii Booda Namni Lamatti Qoodama. Takkaa Milkaa'aa Ykn Hoongayaa.

#Lubbuun Haa Carraaqatu Waan Du'a Boodaatiif.

Sagadni Jum'aa Sadarkaan Zuhrii Caala. Inni  
Sagada Uf

Danda'e Malee Zuhrii Gabaabsamee Miti.

Jecha Hayyoota  
Islaamaa.

++++  
++++

Afur Sagaduunis Hin Hayyamamu.

Niyyaa Zuhriitin Hidhachuunis Hin Ga'u. Odoo  
Sababaan Jam'ii Goosisu

Guutamellee, Jum'aa Fi Asrii Jam'ii Walitti  
Gochuun Gonkumaa Hin Danda'amu.

★Islaamni Akka  
Addunyaatti Rakkoo  
Keessa Hin Jiru,  
Inumaa  
Islaamummaa Fi  
Islaamni Rakkoo  
Addunyaan Keessa  
Jirtuuf Furmaata.  
Islaamummaan  
Furmaata Rakkoo  
Ilma Namaati.

++++

Al-Jumu'ah 62:9

يَا أَيُّهَا الَّذِينَ ءَامَنُوا إِذَا ثَوَدَىٰ لِلصَّلَاةِ مِن يَوْمِ الْجُمُعَةِ فَاسْعَوْا  
إِلَىٰ ذِكْرِ اللَّهِ وَذَرُوا الْبَيْعَ ذَلِكُمْ خَيْرٌ لَّكُمْ إِن كُنتُمْ تَعْلَمُونَ

++++

++++  
++++

Guyyaa Kana Keessas, Nabiin Irratti Salawaata  
Heddumeessaa.

++++

بِأَسْوَءِ تِلْكَ الْأُمُورِ أَلْحَقَ بِهِ يَوْمَ الْقِيَامَةِ إِنَّ أَوَّلَ مَا دُخِلَ فِي النَّارِ  
الْأَفْئِدَةُ فَكَانَ أَكْثَرُ النَّاسِ هَاسِئِينَ

++++

★ Isaan  
Karoorfatanis Sharrii  
Xaxanis , Rabbiin  
Isaan Caalaa  
Karoorsa, Rabbiin  
Akkaan Isaan Irra  
Waa Karoorsuu  
Beeka. Isaan Mala  
Dhawan, Rabbileen  
Mala Dhawa, Rabbiin

Allaahumma Salli Wa Sallim Alaa Sayyidinaa  
Muhaammed.

Irra Mala Dhawaadha.

+++++

★ Jiruun Adunyaa Tanaa Gabaabduudha, Atis  
Yaaddoo Fi Hiraariin Caalmaatti Hin Gabaabsin.

+++++

Yaa RABBI!! Waan Ati Nurratti Murteessite  
Maaltu Beekha ?!

ILAAHII! Salphina Addunyaaf Aakiraa Nu Baasi.

+++++

ضَرَأَيَّابُ سَقَزْ يَرْدَتْ أَمَوُ الدَّغُبِ سَكَّتْ أُنَامُ سَقَزْ يَرْدَتْ أَمَوُ...  
(.....) Luqman 34

+++++

\*Lubbuun Takkalleen, Waan Boru Dalaydu Waan  
Gaari'imoo, Waan Hamtu'uu Hin Beytu, Kan San  
Beekhu Rabbi Qofa Kan Nama Tokko Hin  
Beysisin.

\*Lubbuun Takkalleen Dachii Itti Duutu, Hin Beytu,  
Kan San Beeku Rabbii Tokkicha,

+++++

Yeroon Ammaa Nuti  
Keessa Jirru Kun.

•Yeroo Namni Firaa  
Nabii Ofii Dagate,  
Yeroo Aduwwiin  
Yookaa Xilaataani  
Ammoo Nabitti  
Duuluu Eegale.

•Laafina Nuti Laafne,  
Gatii Nabiin Keenya  
Nu Biratti Dhabeef  
S.A.W Santu Akka  
Aduwwiin Itti Duultu  
Taasise.

•Wanni Ormi  
Kuffaaraa Fedhu,  
Akka Waa'een Isaa  
Qalbii Teenya  
Keessaa Baatu, Akka  
Jaalalli Isaanii Qalbii  
Teenya Keessa  
Baatu, Isaan Wanti  
Barbaadan Sani.

•Yeroo Kana  
Keessatti Waan

# K u n s i i f

Birollee Yoo Dadhabne, Dhaabbannee Waan San  
Deebisullee Yoo Dadhabne, Yoo Midiyaa  
Gurguddaallee Dhabne, Waa'ee Nabii Ol Fuunee  
S.A.W Haasawuun Barbaachisaa Ta'a.

• Sallallaahu Aleeyhi  
Wa Sallam •

Naafi Ati Yeroo Kanatti Waa'ee Isaanii Ol  
Kaafnee Dubbachuu, Isa Jala Deemuu Fi Bifa  
Hundaan Isa Calaaqqifnee Deebisaa Hojiidhaa,  
Deebisaa Afaanitii Miti. Debisaa Hojiitu Nurraa  
Eegama.

Nagayaa Fi Rahmata  
Kee

Kan Dhuma Hin  
Qabnee

Nabiyyottarrattii  
Buusi Yaa Rahmaanii

Akkuma Isaan Olola Oofaniin Nuti Ammoo  
Jaalala Nabii Dabalachuu Jechuudha.

## Jecha Hayyoota Islaamaa.

+++++

★ Isin Kan Uumamtaniif Zalaalam Taa'uudhaafi Laakin As Gubbaa Zalaalm  
Hin Turtan, Biyya Takkarraa Biyya Takkatti Buqqaatan, Dhandhama  
Du'aatiin.

+++++

★ Tooftaalee Sheeyxaanni Ilma Namaa Ilmii Rabbii Irraa Nama  
Dhoowwuun Keessaa, Yoo Beekan Waan Irraa Gaafatamaniifii Yoo Hin  
Beekin Garuu Waan Rakkoo Irraa Nagaya Bayan Itti Fakkeessa. Laakin  
Akkasii Miti Beekuu Dhabuunuu Rakkoodha.

+++++

☆ Ilmi Aadam Kun Miskiina Wahiiti, Qabeenya Adduniyaa Yoo Dalagu Xiqqotti Lakkaaya, Dalaga Aakiraa Ammoo Yoo Dalagu Xiqqootti Hin Lakkaayu, (Akka San Caala Hojjechuu Qabu Ni Irraanfata).

**Maqaan Nabii Keenyaa Hadiisa**  
**Sahiihatti.**

{ يا ملسو هيلع ملاا ياص ملاا لوسر لاق {  
ي حامللا اناو حمحاو محم انا عامسا قسمخ  
يذا رشاحلا اناو رفكلا ي ب ملاا وحمي يذا  
} ب قاعلا اناو ي مدق ياء س انلا رشحي

" Ani Maqaa Shanini Qabaa  
Jedhan" Rasuulli (Salallaahu  
Aleeyhi Wa Sallam)

• Muhaammed • Ahmed

• Maahii • Haashir • Aaqib

☆ Maahii : Jechuun Kan Rabbiin  
Kufrii Isaan Lafarraa  
Haqu/Laffaaa Qulqulleessu

Jechuudha.

☆ Haashir: Jechuun Kan Namni  
Isa Booda Walitti Qabmu  
Jechuudha, Kan Qiyaamaa Malee  
Hin Jirre.

☆ Aaqib : Jechuun Isa Booda  
Nabiyyiin Hin Jiru Jechuudha.

•Imaamu Muslim Asirratti Dabalee  
Maqaa Biroo.

• Al-Muqaffii • Wa Nabiyyu  
Rahmaa Waan Jedhu Irratti  
Dabalee Ture. Aleeyhi Salaatu Wa  
Salaam

Akka Rabbif Sujuudu,  
Wanti Sam'ifii Dachii  
Keessa Jiru Hundi.

Adu'uufii Ji'aa,  
Urjiinis, Gaarot'ifii  
Mukkeenis, Wanni  
Lubbuu Qabu Kan  
Lafarra Yaa'us Hundi  
Isaanii Dubbii Rabbii  
Dhagayaniiti Waan  
Rabbiin Isaan Uumef  
Dalagan, Namni  
Hedduunis Rabbiif  
Gad Je'ee, Isaaf

Sujuuda, Isaan Warra  
Amanee.

Nama Hedduu  
Azaabni Itti  
Muramee Jiraa,  
Isaan Kuffaara  
Amanee Sujuuduu  
Didee, Nama Rabbin  
Xiqqeesse Isa  
Qajeelchuu  
Dhabu'uun, Namni  
Isa Guddisu Hin Jiru.

Rabbiin Waan Fedhe

Dalagaa Kan Fedhe Guddiseeti Kan  
Fedhe Xiqqeessaa.

Namna Hedduu Azaabni Itti  
Muramee Jiraa, Isaan Kuffaara  
Amanee Sujuuduu Didee Nama  
Rabbin Xiqqeesse Isa Qajeelchuu  
Dhabu'uun Namni Isa Guddisu Hin  
Jiru.

Al-Hajj 22:18

أَلَمْ تَرَ أَنَّ اللَّهَ يَسْجُدُ لَهُ مَنْ فِي السَّمَوَاتِ وَمَنْ  
فِي الْأَرْضِ وَالشَّمْسُ وَالْقَمَرُ وَالنُّجُومُ وَالْجِبَالُ  
وَالشَّجَرُ وَالْدَّوَابُّ وَكَثِيرٌ مِّنَ النَّاسِ وَكَثِيرٌ حَقَّ  
عَلَيْهِ الْعَذَابُ وَمَنْ يُهِنَ اللَّهُ فَمَا لَهُ مِنْ مُّكْرَمٍ إِنَّ  
اللَّهَ يَقْعِلُ مَا يَشَاءُ

Horiin Yookaa Qabeenyi Karama  
Sirra Baafate Malee Keetii Miti.

•Gaaf Tokko Nabiin Keenya S.A.W  
Bilaal Dhukkubsatee Gaafate.  
Hoggaa Gaafate Bilaal Timira Wahii  
Itti As Baase, Bilaal Eessaa Fidae  
Timira Kana Jedhaniin Nabi S.A.W  
Yaa Ergamaa Rabbii Bar Siifin Ol  
Kaayee Walitti Qaqqabee Guyyuma

Tokkon Siif Kenna  
Jedhee Walitti  
Qaqqabee Bar  
Jedheen.

Yaa Bilaal! Wanni  
Kuni Aara Ibidda  
Jahaannam Sitti  
Ta'uu Hin Sodaattuu  
Jedhaniin. Yaaa  
Bilaal! Kenni Anfiq.

Rabbii Arshii Qabu  
San, Wayi Natti  
Qusata Jettee Hin  
Sodaatin. Jedhaniin.

Kenni Arrahmaan Siif  
Kennaa, Hin Qabin  
Harka Hin Gogogin  
Rabbiin Sirraa Qabaa.

d' Jireenyi  
Lammataa Maaliif  
Barbaachistee?

•Namni Xinxallu  
Akkana Jechuun Of

Gaafata: Rabbiin Maaliif Jireenya  
Lammataatiif Namoota Kaasaa?

•Namni Kuni Suuratu Al-Ankabuut  
Irraa Aayata Duraan Barate Irraa  
Akkana Jechuun Deebii Deebisa:  
Rabbiin Azza Wa Jalla Karoora  
Uuminsaa Keessatti Jireenya  
Addunyaa Tanaa Qormaataaf  
Qopheesse. Jireenya Lammataa  
Immoo Qorannoof, Murtii Dabarsuu  
Fi Jazaa Hojii Irra Oolchuuf  
Qopheessee Jira.

Guyyaa Murtii Jazaan Namoota  
Addunyaa Keessatti Iddoo  
Qormaataa Kaa'aman Keessaa  
Nama Badii Hojjateef Adabbii Isaaf  
Maluu Adabuu Fi Nama Waan  
Gaarii Hojjate Badhaasu Waan Of  
Keessatti Qabateef Itti Aanse  
Akkana Jedhe:

“Nama Fedhe Ni Adaba, Nama  
Fedhe Rahmata Godhaaf. Garuma  
Isaatti Deebifamtu.

يُعَذِّبُ مَنْ يَشَاءُ وَيَرْحَمُ مَنْ يَشَاءُ وَإِلَيْهِ تُقْلَبُونَ

” Suuratu Al-Ankabuut 29:21

•Kana Jechuun  
Rabbiin Uumamtoota  
Isaa Keessaa Nama  
Fedhe Sababa Inni  
Yakka Hojjateef Ni  
Adaba. Ammas  
Isaan Keessaa  
Namoota Tawbatan,  
Amananii Fi Hojii  
Gaarii Hojjatan Irraa  
Nama Fedheef  
Rahmata Godha.  
Guyyaa Qiyaamaa  
Garuma Isaatti  
Deebifamtu.

• Ergasii Wanta  
Hojjataniin Jazaa  
Isiniif Kafala.

[1]Kanaafu,  
Addunyaa Tana  
Keessatti Wanta  
Rahmata Isaatti  
Nama Geessu  
Hojjadhoo, Wanta  
Adabbii Isaatti Nama  
Geessu Irraas  
Fagaadhaa.

“Nama Fedhe” Yommuu Jedhu,  
Fedhiin Isaa Ogummaan (Hikmaan)  
Kan Walitti Hidhameedha. Sababni  
Isaas, Rabbiin Subhaanahu Wa  
Ta’aalaa Waan Fedheef Qofa  
Wanta Tokko Hin Hojjatu. Kana Irra,  
Wanta Hojjatu Hunda Keessatti  
Fedhiin Isaa Ogummaan Kan  
Walitti Hidhameedha. Kuni Dhimma  
Ifa Ta’eedha.

Namni Adabamu Wanta Adabbiif  
Isa Saaxilu Hojjachuun Isaa Hin  
Hafu. Yeroo Kanatti, Ogummaan  
(Hikmaan) Isa Adabu Ta’a. Rabbiin  
Subhaanahu Wa Ta’aalaa Badii  
Tokko Malee Nama Fedhe Hin  
Adabu. Sababni Isaas, Hikmaa Fi  
Rahmanni Isaa Kana Ni Dida.

“Nama Fedhe Ni Adaba” Kuni  
Ogummaan (Hikmaan) Akka Walitti  
Hidhamu Dubbanne Jirra. Kanaafu,  
Nama Adabbiin Isaaf Malu Malee  
Hin Adabu

.

[2]Ogummaa (Hikmaa) Jechuun  
Wanta Hundaa Bakka Isaaf Malu  
Kaa’uudha. Nama Adabbiin Isaaf  
Malu Adabuun, Nama Rahmanni  
Isaaf Maluuf Rahmata Gochuun  
Hikmaadha. Kanaafu, Adabbiis

# K u n s i i f

Bakka Isaaf Malu  
Kaa'e, Rahmatas

-----

Bakka Isaaf Malu Kaa'e.

\_\_\_ #Yaa Rabbi Ija Rahmataatiin Nu Laali.

🕌 Rasuulli ﷺ Fooli Urgaawaa Taheen Haalalaa Beekkama.

\_\_\_

🕌 Rasuulli ﷺ Hedduu Hin Koflu Yoo Seeqqate Malee.

\_\_\_

🕌 Rasuulli ﷺ Hoggaa Dubbatu Namni Isa Dhagaye Hundi Dubbii  
Isaa Irraa Fahama.

\_\_\_

🕌 Rasuulli ﷺ Hoggaa Deemu Nama Dadhabaa Fii Hifataa Hin  
Fakkaatu.

\_\_\_

🕌 Rasuulli ﷺ Haalaa Fii Amalli Isaa Qur'aana.

\_\_\_

🕌 Nabiyyiin ﷺ Irra Tolaa Fii Bareedaa Uumaa Rabbiiti.

\_\_\_

🕌 Namni Isarratti Salawaata Takka Buuse Rabbi Biraa Rahmata,  
Sadarkaa Ol Aanaa, Qooma Bali'ina, Ziqii Fii Rahaa Qalbii Argata.

• Ifii Keetiif Ja'ii Isarratti Salawaata Guddisii Buusi.

#Allaahumma Salli Wa Sallim Alaa Sayyidinaa Muhamed.

• Keesso Kee Rabbiif  
Qulqulleessuuf Carraaqi, Rabbiin  
Ala Kee Ni Qulqulleessati.

• Namni Qalbii Isaa Akkuma  
Qulqulleessuun Alli Isaa  
Miidhagaa Adeema.

Alli Waa Lama Of Keessatti  
Qabata:

1ffaa-Dhaabbannaa Fi Fuula Isaa,

2ffaa-Amala Isarraa Mul'atu.

• Namni Keessi Isaa Yoo Tolee Fi  
Qulqullaa'e Fuulli Isaa Ni Ifa,  
Seeqni Fi Gammachuun Isarraa  
Mul'ata.

• Faallaa Kanaa, Keessi Isaa Yoo  
Hin Tolini Fi Qulqullaa'in, Gaddaa  
Ta'ee Mul'ata.

• Aakkasumas, Amalli Isarraa  
Mul'atu Badaadha.

• Rabbii Ol Ta'aaf Keesso Ofii  
Qulqulleessu Jechuun Wanta Inni  
Jibbuu Yaadu Fi Hojjachuu Irraa Of  
Qusachuudha.

• Akkasumas, Wanta Inni Itti Ajaje  
Dhoksattis Ta'e Ifatti Ikhlasaan  
Hojjachuudha.

Kanaafu, Namni Keessa Isaa

# K u n s i i f

Rabbiif Qulqulleesse, Yommuu Adda (Kophaa) Ta'u Waan Badaa Hin Hojjatu, Waan Gaarii Itti Ajajames Hin Dhiisu. Dhoksattis Ifattis Ikhlaasni Aasxaa Isaati.

⌘ ⌘ ⌘ ⌘ ⌘ ⌘ ⌘ ⌘ ⌘ ⌘ ⌘ ⌘  
⌘ ⌘ ⌘ ⌘ ⌘ ⌘ ⌘ ⌘ ⌘ ⌘ ⌘ ⌘ ⌘

Gurbaa Gaarii Fi Faasiqa

Namoota Gaggaarii Fi Faasiqtoota Alkoolii, Dili Adda Adda Hojjatantu Ollaa Turan.

Kana Inni Yakka Hojjatu Kun Duunaan Namoonni Isa Gaarii Hojjatu Kana Akka Irratti Salaatu Gaafatan. Innis" Akkamittiin Isarratti Salaata? Inni Kun Gurbaa Fincilaadhaa" Je'ee Dide.

└ Kana Halkan San Akkuma Rafeen Wanta Tokko Arke. Gurbicha San Isaa Jannata Keysaa Salaataa Jiru Arkee Maraatee Warra(Jaartii) Gurbaa Sanii Bira Dhaqee Abbaan Mana Keetii Maal Hojjataa Ture??" Je"Ee Gaafannaan, Isiinis " Homaa Hin Hojjatu, Waanuma Isin Gartan San Malee.

Garuu Torbaan Hunda Joollee Yatiima Tahan Ganda Keysaa Walitti Qabee" Adeera Keysaniif Akka Rabbiin Araarama Kadhaaf" Jechuunii Ture.

Yaa Obboleysa Toltuu Hin Tuffatin, Sababa Jannataan Itti Galtu Tahuuf Malti.

## Jecha Hayyoota Islaamaa.

+++++

## 9 Waan Siin Hin Malle Qabaatee Guutuu Jedhamuu Irra, Waan Siin Malu Dhabdee, Hanga Itti Guuttattuu Hanquu Jedhamuu

K u n s i i f

Wayya.

+++++

9 Haraamni Yeroo Kamuu Haraama, Sababaa Niyyaan Kee  
Badeef Yookaa Niyyaan Kee Toleef Haraamni Halaala Hin Ta'u.

+++++

9 Dalagaalee Gurguddoo Hedduutu Jiru, Kan Sababaa Niyyaa  
Gaarii Dhabuun Ajriin Isaa Xiqqaatu, Ammas Dalagaa Xixiqqoo  
Sababa Niyyaa Gaarii Qabaachuutiin Ajriin Isaa Guddaadhaa.

+++++

★Hanguma Ati Duniyaa Tanaaf Jecha Rifattuun, Yaaddoon  
Aakiraa Qalbii Tee Keessaa Baha.

+++++

• Ammoo Adaduma Ati Waan Aakiraatiif Jecha Rifattee Naatuun  
Yaaddoon Adduniyaa Si Keessaa Baha.

+++++

⊗Yoo Aakiraan Qalbii Tee Keessa Jiraatte, Duniyaan Dhuftee  
Cinqaa Si Gooti, Akka Waan Iddoo Dhabdeetti Akka Ati Aakiraa

K u n s i i f

Qalbii Tee Keessaa Baaftuuf.

+++++

•Yoo Adduniyaan Qalbii Tee Keessa Jiraatte Ammoo, Aakiraan  
Dhuftee Akka Adduniyaa San Cinqaa Sin Gootu.

Ĉ Duniyaan Ganda Takkitti Ilmi Namaa Ajaja Rabbii Isaa  
Keessatti Kallafu/Mormu.

+++++

\*Namni Garaa Haadhaa Keessatti Ajaja Rabbii Hin Didu.

\*Qabarii Yoo Seenes Ajaja Rabbii Hin Didu.

\*Ooydaa Mahshar Guyyaa Qiyaamaas Rabbiin Hin Didu.

\*Erga Jannataaf Azaaba Galallee Rabbiin Hin Didu.

✻Bakki Ilmi Namaa Jiraatee Fi Jiraatuu Heddu Keessaa, Bakki  
Ajaja Rabbii Didu Aduniyaa Tana Qofarratti.

✻Kuni Maal Mul'isa Jennaan, Adduniyaan Yartuu Ta'uu Isii

## Mul'isa.

+++++

### GOOFTAA KEENNA Yaa Ilaahii ...!

~Ilaahii Nabi Nuuhiif Awwaattee Garaa Isaa Qabbaneessite ...

~Ilaahii Ati Kan Ibibda Affeelu Keessaa Nabi Ibraahimiin Baraarte Sani..

~Ati Kan Nabi Ya'aquubiin Ija Jalaa Dhaamte Banteef Sani..

~Ati Kan Nabi Yuusufiin Hidhaa Baafttee Biyya Isa Hiite Irratti Mootii Goote Sani...

~Ati Kan Fir'ownaan Barbadeessitee Nabi Muusaa Dachee Dhaalchifte Sani...

~Ati Kan SAYYIDA Aalamaa NABI MUHAMMADIIN (S.A.W) Karoora Qureeyshii Jalaa Tikfatte Sani...

•Yoo Si Kadhatan Ni Awwaatta! Yoo Sitti

Baqatan Nama Qeebalta Yoo Si Abdatan Bakka

Yaadaniin Nama Geessa.

Tanallee Nutti Hin Cal'isn Yaa RAHMAANII Kiyya?!

Akka Falaafi Malli Nu Harkaa Bittinnaa'ee Argaa Jirta! Si Malee Homtuu Akka Nu Ganee Nu Gate

*Jabeenya Kee Kan Hin Laafne, Ifaa Fuula Keetii Kan Hin Dhaamne, Rahmata Kee Kan Hin Dhumne Saniin Si Qabannee; Nu Furi Gooftaa Keenna YAA ALLAAH!!!*

Laalaa Jirta!

### Fedha Rabbiitiin Xumurame

Ka Biraatiin Haga Walitti Deebinu Rahmata Rabbi Keessaa Nuuf Jiraadhaa

Abdussalaam Idriis (Ansiif) Telegiram Irraa Kan Walitti Qabame yaadaaf 0905550014